Oromo | Afaan Oromoo

Waxabajjii 2026

homes victoria

BIG HOUSING BUILD

# Odeeffannoo Hawaasa **Flemington**



## Yaada nuuf kennituuf galatoomi

Haaressa Felemington ilaalchisee namoota 250 caalan irraa waa'ee sadarkaa ijaarsaa itti aanuu irratti yaada dhageenyee jirra.

## Bakka Murnalung Park waan hojjetamaa jiru

Biqiltuu fi lafa tolchuun hojjetamaa jiru, baatii itti aanan keessa banuuf eegamaa jira.

## Bakki hundee ijaarsaa hojjechuu

Yeroo ijaarsi taasisamu, bakka dhaabbatanii, bakka konkolaataa fi karaa miilaa irratti jijjjiirami ni taha. Bakka deemuu barbaaddu kan si agarsiisan mallattoon ni jiru.

Hooms Viktooriyaan namoota Aboorijiinaal fi Torres Strait Islander akka Eegdota Aadaa lafichaatti beekamtii kan kennu yoo ta'u, Maanguddoota isaanii, kan durii fi kan ammaa, beekamtii fi kabaja kenna.

## Haaressa Flemington ilaalchisee sadarkaa lammaffaa itti aanuuf yaada kenniteef galatoomi

Pirojektii Flemington, kan Racecourse Road, karoora akeekame irratti yaada hawaasa gaafanne.

Projektiin kun manneen haaraa 800, manneen hawaasaa 400 kan of keessaa qabu guutummaa ijaarsa haaraa 2 dabala.

Yeroo mijjatetti wal agruu yeroo afurii fi wal gahii qaama dhimmi ilaalu waliin taasisame jaha akka gaariitti kan raawatamee fi namooti 150 ol irratti hirmaatanii jiru. Toora interneetaa irraanis namoota 100 irraa dhageenyee jirra.

**Kan nuti yaada gaafanne waa'ee:**

- Gamoolee fi manneen haaraa
- Ollaa nama simatuu fi nageenya qabu tolchuu
- Naannoo araddaa Flemington keessa deddeemuu
- Bakka hawaasaa kan mana keessaa fi alaa

Mariisaa kana irratti kan argamtan hundi keessan galatoomaa.

## Itti aansee maaltu ta'a?

Yaadi hawaasaa gabaasaa keessatti dabalamee gara Ministeera karoorinaatti ergamee jira. Kunis qaamuma iyyata karoorinaa ti. Itti bahi iyyata karoorinaa akkuma beekameen gabaasaa mariisaa akka hawaasi beekaniif mar-sariitii Engage Victoria jedhu irra ni keenya.







## Wal-quba qabeenya qabaachuu


Sagantaalee odeeffannoo

Dubdeebii Gorsaa

Odeeffannoo haaraa argachuuf galmaa'aa

Hirmaannaa keessa turuuf daawwadhaa:

homes.vic.gov.au/flemington-precinct



qorqora hawaasotaa kan **Homes Victoria irratti nu hordofaa**


Abboomsaa fi maxxnsaan Mootummaa Viiktooriyaa, 1 Treasury Place, Melbourne. © State of Victoria, Hooms Viiktooriyaa, Waxabajjii (June) 2026. (HV017426). Finsbury Green, Melbourne Victoria, 3000 tiin kan maxxanfame.

More Homes For Victorians

VICTORIA State Government

# Flemington keessatti maaltu tahaa jira

## Waxabajjii 2026






### Holland Court manneen haaraya 286 fi paarkii ummataa

**Hojiiwwan hojjetamaa jiran**

- Qulqullina sakatta'uun manneen waliin jireenyaa jalqabaaf geggeeffamaa jira
- Hojiin paarkii ummataa irratti hojjetamaa jira

**Hojiiwan**

- Yeroo guyyoota dalagaa keessaa ala kan hojjetaman guyyoota dhuma torbee (weekend) dabalee ti

### 126 fi 130 Reeskoors Rood

**Hojiilee tiriikaa**

- Hojiin humna ibsaa galchuu akkaataa itti Qoqqobbii Eeggannoo Yeroo Balaa (Early Warning Systems) qabuun hojjetama

### 120 Racecourse Road

**Gamoolee tiksuu**

- Manneen waliinii onan akka nageenya qabaatan mirkaneessuu
- Manneen namni keessaa bahe, ulaa duraa fi bakka yaabanii ittiin ol bahanii gadi bu'an (lift) fi naannoo manneenii irraa fuudhamanii qoratamu

### 12 Holland Court

**Gamoolee tiksuu**

- Manneen waliinii onan akka nageenya qabaatan mirkaneessuu
- Manneen namni keessaa bahe, ulaa duraa fi bakka yaabanii ittiin ol bahanii gadi bu'an (lift) fi naannoo manneenii irraa fuudhamanii qoratamu
- Bakka meeshaa kahatan, haguuggii lafaa fi meeshaalee xixiqqoo biroo mana jireenyaa onan keessaa baasuu

### Jijjiirama buufata konkolaataa fi daandii miilaa

- Hojiin naannichatti hojjetamu kan eeggannoo qabu akka tahuuf bakka konkolaataan dhaabbattanii fi karaa miilaa naannicha jiru irratti jijjiiramni ni taasisama
- Jalqaba Adoolessaa (July) irratti bakki konkolaataa cufamee ture (hanga 30 kan gahu) naannoo 12 Holland Court jiru ni banama
- Karaan miilaa kan bakka kara kaaba 12 Holland Court jiru hanga torban 5 ni cufama. Yeroo hojiin kun xumuramu karaan miilaa fi bakki konkolaataan dhaabbattu deebisee ni banama.
- Akkuma hojiin kun guddataa deemuun bakka konkolaataan dhaabbattani fi karaa miilaa irrattis jijjiiramni taasisamaa deema
- Karaan itti gara manaatti deeman ni tolchama. Bakki kosii itti gatan fi yeroo balaa tasaa bakki itti walitti qabaman banaa tahee tura
- Bakka itt deemtu kan si agarsiisan mallattoon bakka ni kaayyamu

### Hojiiwwan bu'uuraalee misoomaa bakka ijaarsaa

- Meeshaalee gudguddaa konkolaataa waliin kan dachee uran, qotanii fi murmuran arguu malta
- Murmuruu fi gadi qotuun waan duraan lafa jalatti tolchamee jiru ilaaluu fi haaraas dabala galchuuf jedhamee ti.
- Uranii biyyee fuudhuun haala biyyee naannichaa qoratamu
- Konkolaatoti biyyee guuranis biyyee naannicha irraa eeggannoodhaan guuruuf jiru
- Mukeetii fi bilqiltuun hangi tokkos ni ciramu
- Ibsaa gubbaa irraa ifu bakka giddaruu fi bakka birootti tolchuu

### Yeroo ijaarsi taasisamaa jiru keessa naannoo kee keessa nagaan jiraachuu

Nageenyaaf eeggannoo gochuuf jecha, waca sagalee, owwaara fi waan urgufamu ni to'anna.

**Noonnoo keessa deddeemuu**

- Osoo hojiin hin eegalin dalasaan (fence) ni tolchama
- Konkolaataa gudguddaan yoom akka dhufuu fi eessa akka dhaabbatu sitti himna
- Nageenyaan naannicha keessa deddeemuuf jijjiirama karaa miilaa yokin karaa irratti tahe hordofi
- Warreen konkolaataa to'atan yeroo isaan achi jiran si gargaaru waan taheef qajeelfama isaan sitti himan hordofi

**Waanneen dhimma itti baatu eeggannoodhaan qabuu**

- Wannee faalma qaban (hazardous materials) yeroo qulqulleessan yeroo hunda eeggannoo cimaatu taasisama
- Naannoo faalami (hazardous) jiru irraa si dhorkuuf yero hunda mallattoon naannicha ni kaayyama
- Namooti hojjetan uffatan ittisaa (protective clothing) uffatan arguu malta

**Karaa irra dabran tolchuu**

- Karaan tajaajil yeroo balaa (emergency services) yeroo hunda qophaawaa dha
- Bakka konkolaataa dhaaban mijjataan, bakka konkolaataan namoota dhibama qaamaa qaban dabalee yeroo hunda ni jira
- Karaa miilaa fi karaa irra ibsaan yeroo hunda ni jira.

Hojiin keenya yeroo sa'aa hojii kan Gumii naannootiin (Council) gaggeeffama.

| Wixataa hanga Jimaataatti | Sanbat-duraa (Saturday) |
|---|---|
| Waaree dura sa'aatii 7 hanga Waaree booda sa'aatii 6 gidduutti | ganama sa'aa 9 hanga waaree booda sa'aa 3 |

Yeroo tokko tokko sa'aa ibsameen ala hojjechuuf hayyama gumii naannoo (council) barbaaduu mala, garuu yoo akkas tahe hawaasa ni beeksisna.

Hojiin hojjetamu hundi sadarkaa nageenya qabeessa ol aana tahe kan qabuu fi waan seerri gaafatu kan guutu taha.

Jiraatoti odeeffannoo dabalaa barbaadan waajjira manneenii naannoo isaanii qunnamuuf:

**1300 360 462**

**ascotvale.housing@dffh.vic.gov.au**

Afaan keessan dabalatee odeeffannoo dabalataaf marsaa itti aanu daaw'adhu: **homes.vic.gov.au/information-in-your-language**

Iyyata waliigalaaf imeel kanaa gadiitiin nu qunnami:

**enquiries@homes.vic.gov.au**